
# Tibboota Qonnaafi Oomishaa

Afaan Oromoo

Kutaa 2

Leveled



Kitaabni deggarsaa kun gargaarsa maallaqaa ‘USAID’ irraa argameen Dhabbata ‘Save the Children’ fi Biiroo Barnoota Oromiyaa Wajjin qophaa’ee kan maxxanfamedha.

Bara 2009/2017

The CC By license lets others distribute, adjust, and build upon this work, for free or commercially, as long as credit is given to the original creation. However, any changes from the original must be indicated.

For more info please refer: https://creativecommons.org/licenses/

# Tibboota Qonnaafi Oomishaa

| | | |
|---|---|---|
| Afaan Oromoo | Kutaa 2 | Leveled |



## Yaadannoo gabaabaa maatiifi barsiistotaaf

- Yaadannoon kun akkaataa ati barreeffama kitaaba dabalataa kanarraatti dhiyaate barattoota kee ittiin dubbisuu shaakalsiistu siif dhiyaate.

- Osoo gara dubbisaa hinseenin dura gaaffiilee dubbisa duraa akka barattoonni irraatti mari'atan taasisi. Kanaanis yaada isaanii gara mata duree dubbisichaatti akka fidatan, muuxannoo isaaniis akka walyaadachiisan taasisi.

- Itti aansuun, barattoota rakkoo dubbisuu qabaniif gargaarsa taasisuun akka isaan dubbisan taasisi.

- Dhumarratti, gaaffiilee dubbisuun boodaa akka isaan hojjetan taasisi. Haala kanaanis dubbisanii ergaa barreeffamichaa akka hubataniifi akka madaalan taasisi.

## Gaafiilee Dubbisuun Duraa


1. Namoonni naannawa keetii maal hojjetanii jiraatu?
2. Naannawa keetti lafti yoom qotama?



Obbo Tolaa, Furiifi Aadde Tolasheen qonnaan bultoota. Qonnaan bultoonni kun gamtaan hojjetu. Hojiirrattis baay'ee waliigalu.



Yeroon isaan gamtaan itti hojjetanis dhaabbataadha. Hojii isaanii guyyoota torbanii keessatti karooraan hojjetu.
Sanbataafi Dilbata lafa qonnaa waliif qulqulleessu.



Lafa qulqulleeffatan ammoo;
Wiixataa hanga Jimaataatti
waaliif qotu.

Guyyoota kanas ganamaa
hanga galgalaatti qotu.

Yeroo laaqanaa qofa isaanis,
sangoonnis niboqotu.




Qonnaan bultoonni kunis dabareenis walii aramu. Kuni yeroo aramaan gahudha.

Yeroo Haramaas ganamaa hanga galgalaatti hojjetu.



Tibba Birraa ammoo midhaan walii sassaabu.
Kan walii sassaabanis akaakuu midhaanii hunda.
Yeroo kanas akkuma kan mataa isaaniitti walii hojjetu.




Bona midhaan walii calleessu.

Kanas uleedhaan tumuun yookaan Sangoota irra oofuun raawwatu.

Midhaan ayidames waliif qulleessu.



Obbo Tolaan meeshaa midhaan itti naqamu qopheesse.
Haaluma Kanaan midhaan keeshaatti naqe.
Midhaan keeshaa hedduu guutee dhadhaabe.



Obbo Furiifi Obbo
Dheeressaan ammoo
midhaanicha harreetti fe'u.
Midhaanichas harreedhaan
manatti guuru.
Kanas yeroo qabaabaa
keessatti raawwatu.



Qonnaan bultoonni kun bona midhaan harreen gabaatti fe'u.


Gabaa keessattis harreerraa hiiku.

Adde Tolasheen ammoo midhaanicha gurgurti.



Gabaa keessa taa'aaniis midhaanicha Aadde Tolashee waliin gurguru.

Qarshii isaas ammoo Aadde Tolasheetu walitti qabaaf. Dhumarra ammoo qarshii sana hiratu.



Qarshi argataniinis meeshaa qonnaa bitatu.
Meeshaaleen sibiila irraa tolfames nifilatu
Meeshaalee kana keessaa muraasni sibbattii, qonyeefi qottoodha.



Qonnaan bultoonni sadanuu meeshaalee bitatan harreetti fe’atan.
Sana booda, gara manaatti qajeelan.
Hojii fuulduraatiifis nikaroorfatu.

## Gaaffiilee Dubbisuun boodaa

1. Qonnaan bultoonni sadan akkamiin oomisha ga’aa argatan?

2. Obbo Furiin midhaan gurguranii maal bitani?

3. Qonnaan bultoonni sadan osoo waliin hinhojjenne ta’ee nimilkaa’u jettee yaaddaa? Maaliif?